# Dhiqannaan guyyaa jimaataa nama dargaggeessaa hunda irratti dirqama, akkasumas ilkaan isaa rigachuu fi yoo argate shittoo dibachuun

Amri bin Suleem Al-ansarii irraa odeeffame, akkana jedhe: Ani Abuu Sa’iid akkana jechuu irratti ragaa nan ba’a: Ergamaa Rabbii nagaa fi rahamnni irra haa jiraatuu akkana jechuu irratti ragaa nan ba’a: "Dhiqannaan guyyaa jimaataa nama dargaggeessaa hunda irratti dirqama, akkasumas ilkaan isaa rigachuu fi yoo argate shittoo dibachuun".
[Sahih/Authentic.] [Al-Bukhari and Muslim]

Nabiyyii nagaa fi rahamanni irra haa jiraatuu, muslimtoota irraa namoota salaanni Jum'aa irratti dirqama taatu irraa muslima dhiiraa kan dargaggeessa ta'e hunda irratti dhiqannaan guyyaa Jum’aa akka dirqamatti kan jabeeffamu ta'uu ifa godhaniiru, Akkasumas siwak fi kan kana fakkaataniin ilkaan isaa qulqulleeffachuun, Akkasumas urgooftuu/shittoo gaarii kamiyyuu dibachuun.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee